# Isin keessaa namni tokko salaata isaa keessatti yoo shakkee, meeqa akka salaate yoo hin beekin sadii moo afurii, shakkii sana ofirraa dhiisee, waan mirkaneeffate irratti ijaaree, eegasii osoo salaamata hin jedhin sujuuda lama haa sujuuduu

Abuu Sa’iid Al-khudrii irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jaalatu- akkana jedhan: «Isin keessaa namni tokko salaata isaa keessatti yoo shakkee, meeqa akka salaate yoo hin beekin sadii moo afurii, shakkii sana ofirraa dhiisee, waan mirkaneeffate irratti ijaaree, eegasii osoo salaamata hin jedhin sujuuda lama haa sujuuduu, Yoo raka'aa shan kan salaate tahe, salaata isaa qindii taasisaaf, yoo raka'aa afur guutuu kan salaate tahe immoo Sheyxaana lafatti ragaadha taha».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiratu- namni salaata salaatu tokko salaata isaa keessatti shakkee meeqa akka salaate hin beekin, sadii moo afurii? Lakkoofsa dabalataa, shakkisiisaa ta'e fageessuudhaan raka'aan sadii mirkanaa'aa waan tahuuf raka'aa afraffaa salaatee eegasii osoo salaamata hin jedhin sujuuda lama akka sujuuduu qabu ibsaniiru. Wanti inni salaate dhugumatti afur yoo ta’e; Raka’aan tokko itti dabalamuun shan ta’a, sujuudni lamaan dagannaa bakka raka’aa tokko bu'a yoo tahu, kanaaf lakkoofsi witrii osoo hin taane qindii taha, raka’aa dabalamte sanaan afur yoo kan salaate tahe; dirqama irra jiru dabaluu fi hir'isuun maletti ofirraa geesseera. Sujuudni lamaan dagachuu sheyxaana salphisuu, xiqqeessuu fi honga'aa yaada ofii irraa fageeffame tahee akka deebi'uuf taha; sababni isaas waan inni salaata isaa isa irratti wal fakkeessee balleessuuf waan yaalef jecha, salaatni ilma Aadam ni guutamti yeroo sujuuda sheyxaanni dide gochuun ajaja Rabbii ol tahee fudhate, sunis yeroo sheyxaanni Aadamiif akka sujuudu ajajamee Rabbiif tole jechuu dideedha.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/11231

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY

لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee